Daayirektoreetiin Dagaagina Naamusaa fi Inispeekshinii bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Naamusaa Abboottii Alangaa lakkoofsa 218/2013 kutaa xiqqaa sadii keewwata 118tiin kan hundaa'e.

Bu'uura Dambii Lakk.218/13 keewwata 119tiin aangoo fi gaheen hojii Daayirektoreetichaa kan tumamee jiru yoo ta'u, kunis:-

1. Sababoota hanqina naamusaa ta'an irratti qorannoo gaggeessuun yaada furmaataa ni dhiyeessa;
2. Naamusni ogummaa akka dagaaguuf Abbootii Alangaatiif barumsa hubannoo uumuu ni kenna; balleessaan naamuusaa akka hin raawwatamne ni ittisa;
3. Iyyata ykn eeruu balleessaa naamusaa isaaf dhiyaatu ykn isatti beeksifamu ykn isaaf darbu ykn kaka'umsa mataa isaatiin bira gahee ni qulqulleessa;
4. Galmeewwaan Abbaa Alangaa murtii dhumaa argatan odiitii ni taasisa, hanqinni naamusaa yoo jiraate tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
5. Dhimma balleessaa naamusaa aangoo Gumii Naannoo ta'e irraati himata ni dhiyeesa; ni falma; ol'iyyata dhiyaateef deebii ni kenna; ni falma;
6. Murtii balleessaa naamusaa Gumiin Godinatti kenname irratti ol'iyyata dhiyaatuuf deebii ni kenna; ni falma;
7. Dhimmii dhiyaate aangoo isaa jalatti kan hin kufne yoo ta'e gara Garee Inispeekishinii Godinaatti ni erga;
8. Dhimmichi kan hin himachiisne yoo ta'e galmee cufee Abbaa Alanagaa Waliigalaa fi Abbaa Alangaa Dhimmi ilaalattu ni beeksiisa;
9. Naamusa Abboottii Alangaa irratti yommuu gaafatamu yaada ni kenna.

- **Ulaagaa Kenna Tajaajilaa Abbootii Dhimmaa Gara Daayirektoreetii Kanatti Dhufanii**
  - ✓ Abbaan dhimmaa komii naamusa Abbaa Alangaa irratti yommuu dhiyeessu Afaaniin ykn barreeffamaan ykn bilbila mana hojiitiin kennuu ni danda'a. Kunis iddoo hojii Abbaan Alangichaa hojjachaa jiru: Damee Dhaabbii /Godina/Aanaa/ maqaa Abbaa Alangaa komiin irratti dhiyaatuu fi ijoo dhimmaa komii irratti dhiyeessu;
  - ✓ Abbaan Alangaa muxannoo hojii yommuu fudhachuu barbaade iyyata dhuunfaa isaa barreessuun Daayirektoreetichaaf ni dhiyeeffata;
  - ✓ Abbaan Alangaa Gad-lakkiisuuf waraqaa qulqullinaa yommuu fudhachuu barbaade unkaa waraqaa qulqullinaa Biiroon qopheesse fidachuu dhiyaate irratti naamusaa isaa ilaalchisee qaama dhimmii ilaallatuuf ni qajeelfamaaf ykn yaadni irratti ni kennamaaf.